

# Haga iyannoo keef deebbi argachuuf eeganna jirtuutti

## **Qorannowwan dabala gochuu yoo qabanne**

Iyanno kee ilaachisee qorannowwan dabala gochuu yoo qabanne, murte argachuuf yeroo fudhachuu danda'a. Qorannowwan dabala gochuu jechuun fakkenyaf ragawwan (sanadota) kee caalatti ilaalu qabna yookan eenyumma kee mirkanefachuu qabna. Qorannowwan gar-biroos ta'u danda'a. UDI gargaarsa damewwan mootumma gar-biroon laatan irratti hunda'a. Waan kana ta'efis yeroo dheera nutti fudhachuu danda'a.

Yeroo (ammaata) ati eegachuu irra jirtu, carraa hayyama jirenya biyya Norway argachuuf fi dhabuu kee irratti dhiibba hin qabaatu. Namoonni tokko tokko kan bakkaa qobanna baqattoota ati jirtu si dura dafanii deebbi argachuuf danda'u. Kuni jechuun iyanno kee ilaachisee rakkon tokko jira jechuu miti, yookan wajirri dhimma dhalaa (UDI) si irrfateera jechaa miti. Sababni isaa akkaata waan hojennu qindeessine ta'u danda'a.

Dhimma kee yeroo murteessinu ergaan nu irraa si qaqqaba.

## **Yeroo UDI iyanno koo murteessuf isa barbaachisu irratti dhiibba gochuu danda'a?**

UDI iyanno kee murteessuf yeroo isa fudhatu irratti dhiibba gochuu hin dandeessu.

Deebbi argachuuf ammam eegu akka qabdu baruuf bilbiltee yoo nu gaafatte, deebbi ati argattu waan yeroowwan eegatamu ilaachisee bareefanno laatame waliin tokko dha. Kana irraa kan hafe ammaata eegachuu qabdu dabala waan himnu hin qabnu.

Dhimmi kee haga UDI tiin murteeffamu itti eegachuu yoo hin barbadine, biyya keetti ykn biyya gar-biroo bakka hayyama jirenyaa qabdu itti deebi'uf gargaarsa argachuuf dandeessa.

Deemuf akkamitti iyanno galfattu fi gargaarsi argattu ammam akka ta'e baruuf bakka kana dubisi [www.udi.no/retur](http://www.udi.no/retur). Ijaarsa adunyaa kan baqattotaa (IOM) bilbila 23 10 53 20 tin ykn [www.iom.no/quunnamtee](http://www.iom.no/quunnamtee) odeefanno dabala argachuuf dandeessa.

## **Waraqa eenyummaa ykn mirkaneessa hakimii erguu**

### **Waraqa eenumma kan ergamu poolisi itti**

Waraqa eenyummaa ykn ragawwan kee dhiheessuf waan dandeessu gochuu danda'un kee barbaachisa dha. Ragawwan kee gara UDI itti erguu hin qabdu, garuu kan laachuu qabdu poolisi nanno jiratu itti dha. Ragawwan kee karaa poosta gara damee ragawwan poolisi ittis erguu dandeessa. Teesson isaa:

Politiets utlendingsenhet  
v/ Dokumentsenteret  
Postboks 2095 Vika  
0125 Oslo

Maqaa kee fi lakkofsa DUF kee waraqa tokko irratti barressitee poosta ergitu keessa kaa'u qabda.

### **Ragaan hakimaa gara UDI itti ergama**

Rakkoo fayyaa kan iyyannoo keef fayida qaba jette amantu yoo qabaatte, hakiima irraa ragaa argachuu danda'un kee barbaachisa dha. Ragaan hakimaa kan ergamu gara UDI itti ta'a.

Teesson isaa:

UDI  
Postboks 2098 Vika  
0125 Oslo

Maqaa kee fi lakkofsa DUF kee waraqa tokko irratti barressitee poosta ergitu keessa kaa'u qabda.

### **Odeefannoo kara e-poosta**

Odeefannoo dhimma iyanno baqatumma kee ilaachisee kara e-poosta argachuu dandeessa. Xalayawan karaa e-poosta kan ergaman tesso e-poosta ati nu laatetti dha.

Ergaan ati hunda duraunu irraa argattu yeroo dhimmi kee poolisi irraa yeroonu qaqqabu ta'a. Yeroo booda ergaawan gar-biroo si ergina. Fakeenyaf yeroo dhimmi kee dhimmeffamutti deemu ykn yeroo dhimma kee ilaachisee murtee goonu.

Ergaawan argattu kan barreffaman afaan Norway fi afaan Inglizi tin tau. Ergaawan kuni odeefannoo baqata ta'u kee ibsan hin qabaatani.

Yoo e-poostawwan kuni siif akka hin ergamne barbaadde nu beeksisu qabda. Kana gochuuf tajajila gorsaa keenya itti lakkofsa bilbilaa 23 35 16 00 tiin bilbiluu qabda.

---

**UDI**